Policy Brief Number 6
August 2006, Oromifa Series

Jimma University
Brown University

Wabii Nyaataa Zonii Jimmaa

Barreeffamni imaammata wabii nyaataa kun hir'ini wabii nyaataa maatii, ga'eessotaa, fi ijoollee hagam akka bal'a ta'e kan ibsu, akkasumas akkaataa itti wabbiin nyaataa dabalu kan adda baasu dha.

Qo'annoo Dheertuu (Longitudinal) Maatii Dargaggoota Zoonii Jimma marsaa 1ffaa (Fulbaana 2005-Caamsaa 2006) irratti kan hunda'e

Nyaata ga'a argachuun fayyaa maatii karaa nyaataa argamuuf barbaachisa dha, akkasumas, dhukkubaaf saxilamuu fi dhiisu isaanii irratti dhiibbaa qaba. Hir'inni wabii nyaataa Ithiophiyaa keessati bal'inaan ni mul'ata. Maatiin sodaa nyaata ga'aa dhabuu qaban dhiphinaa fi yaaddoof saxilamu.

Hir'inni wanta nyaata barnoota seenuu dhabuu, hojiif humna dhabuu fi godaansa miseensota maatiif sababa ta'e argama.

Maatiin zoonii Jimmaa keessa jiraatan waayee nyaata ga'aa maatii isaaniif qabaachuu hagam yaadda'u? Hir'inni nyaataa hagam isaan qunnamee beeka? Yeroo hir'inni nyaataa jirutti ga'eessoti, ykn ijoolleen hagabuu ta'uuf ni saaxilamu?

Qo'annoo dheertun (*longitudinal*) maatii dargaggootaa Jimmaa irratti godhame, ji'oota sadan darban keessatti wabii nyaataa ilaalchisuun maatiif gaaffii gara garaa godheera. Barrun Imaammataa kun, maatiin ji'oota sadan darban keessatti guyyaa tokko ykn sana ol nyaata dhabuuf saxilamuu isaa irraa ka'uun, waanta nyaataa akka garaatti argachuu kan jedhu irratti xiyyeeffata.



Maatiin Wanta Nyaataa Manaa dhabuu

Wabii nyaataa dhabuun mattii zoonii Jimmaa keessa jiraataniif rakko isa guddaa ta'ee argama.

Maatii magaalaa Jimma keessaa harka walakkaa ol kan ta'an sodaa nyaata manaa dhabuu qabu, manaas dhabanii beeku. Wabii nyaataa dhabuu kan baadiyyaa immo yeroo ilaallu 8% caalee argama.



Wanta Nyaata Gahaa Ta'e

Yeroo hir'inni wanta nyaata qaqqabu, keesumaa ijolleen nyaata hin argatan. Magalaa Jimmaa keessati nyaata gahaa dhabuun ijoollee 49% yemmu ta'u, kan ga'eessota garu 31% dha. Baadiyyaa bakka ga'eessoti humna ittiin hojii qonnaatti boba'an isaan barbaachisutti, beelaan ta'uun ijoollee 53% yemmu ta'u kan ga'eessota garuu 23% dha.

Maatii akkamitu, wabii nyaataa guddaa qabaachuu danda'a? Miseensa kanneen walgargaarssa guddaa qabanii ta'uun wabii nyaataa qabaachuu ni guddisaa? Gaaffilee wabii nyaataa ilaalan kana deebisuuf moodela waa hedduu of keessatti qabatu (*multiple regression*) gargaaramna.

Wabii nyaataa jechuun nyaata gahaaf jecha yaaddoo qabaachuu dhiisu, yeroo hunda ga'eessota fi ijoolleef nyaata gahaa (baay'naa fi gosa nyaataan) qabaachuu dha. Qabeenyi magaalaa kan akka televizyinii, sa'a, midijjaa, teessuma ispoonjii fi firaashii ispriingii ykn ispoonjii ti. Qabeenyi baadiyyaa kan akka radi'o, teeppii, minjaalaa fi teessumaa ti. Qabeenyi omishaa immoo kan akka sanggaa, sa'aa, re'ee fi hoola, fardaa fi ganggee, gaarii kkf dha. Walgargaarsa hawwaasummaa naannootti miseensa ta'unis ijoollee waliif eeguu, buna ykn soogidda waliif kennuu, qarshii 10, 50 ykn 100 waliif liqeessu, ijoolleen akka mana barumsaa seentu fi akka hojii argatuu gochuun wal gargaaru dha.

	Wabii Nyaataa (Agarsiiftuu)
Qabeenya Maatii Magaalaa	**0.27**
Qabeenya Maatii Baadiyyaa	**0.25**
Qabeenya Omishaa	**0.04**
Magaalaa Jimmaa irra magaalaa xiqqa	**0.10**
Magaalaa Jimmaa irra Baddiyya	**0.37**
Hidhata walgargaarsaa	**0.33**

Badiyyaa fi qabeenyi omishaa wabii nyataa guddisa. Kana irraa ka'uun maatiin baadiyya wabii nyaataa guddaa qabu. Baayyini qabeenya magaalaas wabii nyaataa guddisa,haata'u malee matiin magaala jimma wabii nyaataaf carraa ciqaa qabu.

Qabeenya maatii fi bakka jireenya maatii irraa ka'uunis, miseensa hidhata walgargaarsa ta'uunis wabii nyaataa guddisa.

Yaada Imaammataa Madde

Zoonii Jimmaa keessati irra caalaan maatii wabii nyaataa hinqaban. Hiir'ina nyaataaf ni yaaddau'u, hir'ina nyaataas qabu. Rakkoon kunis ummata baadiyyaa fi maatii qabeenya qabu birratti xiqqaa dha. Miseensa hidhata walgargaarsaa ta'uunis yaaddo hir'ina nyaataa ni xiqqeessa wabii nyaataas ni guddisa.

Hiir'inni wabii nyaata zoonii Jimmaa kun kan nama gaddisiisu dha, kunis Jimma Itiyoophiyaa keessati bakka lafti isa qonnaaf gabbataa ta'e keessaa tokko waan ta'eef. Kalattiidhaan gaarggaarsa nyaata kennuun furmaata yeroof ni ta'a, irra caalaa garuu maatii hiyyeeyyii, walgargaarsa hawaasaa kessaa ala ta'aniif baayee barbaachisa ta'uu danda'a.

Wabii nyaataa yeroo dheeraa fiduuf hojiin gara garaa hojjetamu akka qabu ifaa dha. Tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban keessaas, midhaan gosa gara garaa qotuu, xa'oo fayyadamuu, yeroo omishi xiqqaatuuf akkasumas omisha baranaa fi kan bara dhufuu gidduutti rakko umamuu danda'u furuuf kuusaa midhanii gariitti qopheessun ni caqafamu. Maatiin omisha gabaaf omishan atakiltii qe'ee keessaa akka dhaaban jajjabeffamuu qabu. Rakkinna wabii nyaataaf furmaata barbaaduun, adda durummaan hir'ina nyaataaf kan saxilaman ijoollee baraarsa, nyaata gahaa guddina isaaniif, barnootaa fi homishummaa isaaniif barbaachisu argamsiisa.

Sagantaan misoomaa wabii nyaataa bu'a qabeessa ta'es, fayyabulummaa ummata zoonii Jimmaa guddisuuf, karaa isaa filatamu dha.

Qo'anno dheertuu *(longitudinal)* Maatii Dargaggootaa Jimmaa

Qo'annoo dheertuun maatii darggagoota Jimma irratti ta'e kun kan jalqabe bara 2005 ti. Kunis, magaalaa Jimmaa, magaala xixiqqoo kan akka Yabbuu, Sarbboo, Sheeki fi gandoota baadiyyaa naannoo jiran kan bakka bu'u dha.

Sampiliin kutaa kutaan fudhatame maatii 3500 fi ijoollee dhiiraa fi shamarran kan umuriin 13-17 ta'e 2100 kan qabatu dha. Magaalaa Jimmaa, magaalota xixiqqoo fi gandooti baadiyya mataa mataatti gara ijoollee 700 bakka buufatan.

Daataan maatii ilaallatu kan sassaabame abbaa warraa ykn hadha warraa irraa ti. Dargaggooti kallattiidhaan gafii fi deebiin godhameef.

Daataan kunis ku'eshineeriidhaan kan sassaabame namoota leenjii qabaniin ta'e Afaan Amaaraa fi Afaan Oromoo tiin.



Zoonii Jimmaa Itiyoophiyaatti

Qo'annoon maatii, dargaggoota Jimmaa irratti ta'e kun kan adeemsifame qoodafudhanna ogeessota Ipidimologii, Fayyaa Hawwassaa, Biostatiksii, Demographii, soshologii fi ekonomiksii tiini.

Qo'annan kunis kan xiinxale rakkina dargaggoota quunnamu gama fayyaan, barnootaa fi lenjiin, hojjaa fi galii argachuun, maatii horachuu, fi lammii bu'a qabeessa ta'u, ilaalchisee ti.

Qo'annoo kana keessatti xiyyeeffannoo kan argates, dargaggooti rakkina kana akka mo'ataniif madda gargaarsa kan ta'e, kan akka gargaarsa maatii fi firaa, qabeenyaa maatii, gorsa maatii fi firaa, bu'ura misoomaa hawaasa naannoo keessa jiranii fi hidhata walgargaarsaa ti.

Qo'annoo kun kan geggeeffame arjoomina qarshiii, Faa'undeshinii Deevid fi Lasilii Paakard, Faa'undeshinii Kompton fi, Faa'undeshinii Andri'u W. Meloon, irraa argameeni.

Qo'annoon kun kan geffeeffamaa jiru barattootaa fi faakaltii projektii **'Partnership in Improving Reporductive Health'** jedhamu keessa jiraniin.

Jimma University
DPFH · Department of Population and Family Health
Jimma · Ethiopia

Brown University
PSTC · Population Studies and Training Center
Box 1836 · Providence · RI · 02912 · United States · http://www.pstc.brown.edu